# DIE PRÜFUNGEN DES GOETHE-INSTITUTS
# QORMAATA GOETHE-INSTITUTII

## PRÜFUNGSORDNUNG
## TOOFTAAWWAN QORMAATAA

Stand: 1. September 2025
Guyyaa gosti kun itti qophaa'e:  Fulbaana 1, 2025

Zertifiziert durch
Kan mirkaneesse

ALTE Q218

GOETHE INSTITUT
Sprache. Kultur. Deutschland.

## Prüfungsordnung des Goethe-Instituts e.V.

Stand: 1. September 2025

Die Prüfungen des Goethe-Instituts sind zum Nachweis von Sprachkenntnissen in Deutsch als Fremdsprache und Deutsch als Zweitsprache konzipiert und werden an den in § 2 dieser *Prüfungsordnung* genannten Prüfungszentren weltweit sowie unter bestimmten Voraussetzungen online (vgl. § 1, § 3) nach einheitlichen Bestimmungen durchgeführt und bewertet.

Für die Prüfungen des Goethe-Instituts gelten die folgenden Regelungen:

- Die *Allgemeinen Geschäftsbedingungen* des jeweiligen Prüfungszentrums regeln den Vertragsschluss und die Vertragsabwicklung.
- Die *Prüfungsordnung* umfasst die für alle Prüfungen des Goethe-Instituts geltenden allgemeingültigen Regelungen wie z.B. die Bedingungen zur Prüfungsteilnahme und Anmeldung, zum Ausschluss von der Prüfung, Zertifizierung sowie ggf. Einsichtnahme.
- In den Anhängen der *Prüfungsordnung* sind die von der *Prüfungsordnung* abweichenden und/oder zusätzlich geltenden Regelungen für Digitale Deutschprüfungen oder Online-Deutschprüfungen (vgl. 1.2.2 und 1.2.3) beschrieben.
- Die *Durchführungsbestimmungen* beschreiben die Bestandteile der einzelnen Prüfungen und regeln die prüfungsspezifischen Bedingungen der Prüfungsorganisation, des Ablaufs, der Bewertung sowie die Berechnung der Prüfungsergebnisse.
- In den Anhängen der *Durchführungsbestimmungen* sind die von den *Durchführungsbestimmungen* abweichenden und/oder zusätzlich geltenden Regelungen für Digitale Deutschprüfungen oder Online-Deutschprüfungen (vgl. 1.2.2 und 1.2.3) beschrieben.

## TooftaawwanQormaataa Goethe-Institutii

Guyyaa Gosti Kun Itti Qophaa'e: Fulbaana 1,2025

Qormaatni Goethe-Institutii dandeettii afaanii, afaan Jarmanii akka afaan alagaatti, afaan Jarmanii akka afaan lammaffaatti mirkaneessuuf kan qophaa'ee fi akkaataa Tooftaawwan walfakkaatootiin wiirtuuwwan qormaataa Tooftaawwan *qormaataa* § 2 keessatti tarreeffaman keessatti, akka addunyaatti akkasumas haalawwan murtaa'an jalatti toora interneetii irratti (§ 1, § 3 ilaalaa) kan geggeeffamuu fi kan madaalamuu dha.

Tooftaawwan armaan gadii qormaata Goethe-Institutii irratti raawwatiinsa qabu:

- Haalootni Waliigalaa fi tooftaawwan wiirtuu qormaataa ilaallatu xumuraa fi raawwii waliigaltichaa ni bulchu.
- Tooftaawwan qormaataa tumaalee waliigalaa qormaata Goethe-Institutii hunda irratti raawwatiinsa qaban, kan akka haal-duree fudhachuu, qormaataa fi galmee qormaata irraa ala ta'uu, mirkaneessaa fi bakka barbaachisaa ta'etti waraqaa qormaataa argachuus of keessaa qabu.
- Barruleen dabalataa tooftaawwan qormaataa tumaalee tooftaawwan qormaataa irraa maqan /ykn qormaata dijitaalaa Jarmanii ykn qormaata Jarmanii toora interneetii irratti dabalataan raawwatiinsa qaban ibsu (1.2.2 fi 1.2.3 ilaalaa).
- *Tooftaawwa*n *qormaataa* qaamolee qormaata dhuunfaa kan ibsan yoo ta'u, gurmaa'ina, raawwii/adeemsaa, madaallii fi shallaggii bu'aawwan qormaataa ilaalchisee haaloota qormaataaf-adda-ba'an ni bulchu.
- Barruleen dabalataa tooftaawwan qormaataa tumaalee tooftaawwan qormaataa irraa maqan /ykn qormaata dijitaalaa Jarmanii ykn qormaata Jarmanii toora interneetii irratti dabalataan raawwatiinsa qaban ibsu (1.2.2 fi 1.2.3 ilaalaa).

- Die *Ergänzungen zu den Durchführungsbestimmungen: Prüfungsteilnehmende mit spezifischem Bedarf* beinhalten mögliche Sonderregelungen für Prüfungsteilnehmende mit spezifischem Bedarf, sofern der spezifische Bedarf bereits bei der Anmeldung durch einen geeigneten Nachweis belegt wird.

## § 1 Grundlagen der Prüfung

1.1 Diese *Prüfungsordnung* ist für alle unter § 3 genannten Prüfungen des Goethe-Instituts gültig. Es gilt die jeweils zum Zeitpunkt der Anmeldung aktuelle Fassung.

1.2 Abhängig vom Prüfungsangebot und den Voraussetzungen am Prüfungszentrum werden die unter § 3 genannten Prüfungen in den folgenden Formen durchgeführt:

1.2.1 Papierbasierte Prüfungen werden in Präsenz an einem Prüfungszentrum des Goethe-Instituts abgelegt. Die Prüfungsmaterialien werden in Papierform ausgehändigt und von den Prüfungsteilnehmenden mit einem Stift bearbeitet.

1.2.2 Digitale Deutschprüfungen werden in Präsenz an einem Prüfungszentrum des Goethe-Instituts abgelegt. Die Prüfungsaufgaben der schriftlichen Prüfungsteile/Module werden an einem Laptop des Prüfungszentrums bearbeitet. Die mündliche Prüfung findet analog zu 1.2.1 in Präsenz und mit papierbasiertem Material statt.

1.2.3 Online-Deutschprüfungen werden unter bestimmten Voraussetzungen (vgl. zusätzliche Regelungen in den Anhängen der *Prüfungsordnung* und *Durchführungsbestimmungen*) ortsunabhängig an einem privaten Desktop-Computer oder Laptop abgelegt.

1.3 Prüfungsaufbau, Inhalt und Bewertung sind im Print-, Digital- und Online-Format identisch.





*Dabalata tooftaawwan qormaataa;* Kaadhimamtootni fedhii addaa qaban; kaadhimamtoota fedhii addaa qabaniif haala mijeessuun, addaa ta'uu danda'u, kan of keessaa qaban yoo ta'u, fedhiin addaa sun yeroo galmee ragaa barbaachisaa ta'ee duraan kan mirkanaa'e ta'uutu irraa eegama.

## § 1. Wantoota bu'uuraa qormaataa

1.1 *Tooftaawwan qormaataa* kun qormaata Goethe-Institutii kan § 3 keessatti tarreeffaman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaatu. Gosti yeroo galmee hojiirra ture raawwatiinsa ni qabaata.

1.2 Daangaa qormaata kennamuu fi haaloota wiirtuu qormaataa irratti hundaa'uun, qormaatni § 3 keessatti tarreeffaman foormaatii armaan gadiitiin gaggeeffamu.

1.2.1 Qormaatni waraqaa irratti hundaa'e qaamaan wiirtuu qormaataa Goethe-Institutii keessatti fudhatama. Leeccalloowwan qormaataa bifa waraqaatiin kan kennaman yoo ta'u, kaadhimamtootni qalama fayyadamuun kan guutan ta'a.

1.2.2 Qormaatni dijitaalaa afaan Jarmanii qaamaan wiirtuu qormaataa Goethe-Institutii keessatti fudhatama. Dalagaawwan qormaataa kutaalee/moojuloota barreeffamaa laaptooppii wiirtuun qormaataa kenneen xumurama. Qormaanni afaanii qaamaa fi meeshaalee waraqaa irratti hundaa'an fayyadamuun, akkaataa 1.2.1 keessatti ibsameen kan raawwatamu ta'a.

1.2.3 Qormaantni afaan Jarmanii toora interneetii irratti kennamu kompiitara deeskitooppii dhuunfaa ykn laaptooppii irratti bakka kam irraayyuu kan fudhatamu yoo ta'u, haal-dureewwan murtaa'an kan guutaman ta'u (tooftaawwan dabalataa barruu dabalata tooftaawwan *qormaataa* jalatti kennaman ilaalaa).

1.3 Caasaan qabiyyee fi madaalliin qormaatichaa foormaatii maxxansaa, dijitaalaa fi toora interneetiitiin wal-fakkaataa dha.

1.4 Das Goethe-Institut publiziert zu jeder Prüfung einen *Modellsatz* sowie einen oder mehrere *Übungssätze*, die für alle Prüfungsinteressierten im Internet einsehbar und zugänglich sind. Gültig ist jeweils die zuletzt veröffentlichte Fassung.
In diesen *Modell-* und *Übungssätzen* zu den einzelnen Prüfungen sind Aufbau, Inhalt und Bewertung verbindlich beschrieben.

1.4 Tokkoo tokkoo qormaataaf, Goethe-Institutii *saamuda waraqaa fi waraqaawwan shaakalaa* tokkoo fi isaa ol maxxansaa, isaan kanas namni qormaata fudhachuuf fedhii qabu kamiyyuu ilaaluu fi interneetii irratti argachuu ni danda'a. Gosti dhiheenya kana maxxanfame isa sirrii dha.
*Waraqaaleen moodelaa fi shaakalaa* qormaata dhuunfaa kanneen ibsa walitti-hidhaa caasaa, qabiyyee fi madaallii isaanii dhiyeessu.

1.5 Unter die Begriffe Prüfungen und Prüfungsteile fallen im Sinne dieser *Prüfungsordnung* auch Module, die einzeln oder in Kombination abgelegt werden können.

1.5 Kaayyoo tooftaawwan *qormaataa* kanaaf, jechootni 'qormaata' fi 'qaamolee qormaataa' jedhan moojuloota dhuunfaan ykn walitti dabalamuun (ida'amuun) fudhatamuu danda'anis ni dabalata.

### § 2 Prüfungszentren des Goethe-Instituts

Prüfungszentren im Sinne der *Prüfungsordnung* sind:

- Goethe-Institute in Deutschland und im Ausland,
- Goethe-Zentren im Ausland
- sowie die Prüfungskooperationspartner des Goethe-Instituts in Deutschland und im Ausland.

### § 2. Wiirtuuwwan qormaataa Goethe-Institutii:

Wiirtuuwwan qormaataa hiika *tooftaawwan qormaataa* keessa jiran:
- Goethe-Institutii Jarmanii fi biyya alaa jiran;
- Wiirtuuwwan Goethe biyya alaa jiran;
- Waahillan qormaataa Goethe-Institutii Jarmanii fi biyya alaa jiran;

### § 3 Teilnahmevoraussetzungen

3.1 Die Prüfungen des Goethe-Instituts können von allen Prüfungsinteressierten mit Ausnahme der unter 3.3 bis 3.7, 11.11 und 11.12 genannten, unabhängig vom Erreichen eines Mindestalters und unabhängig von der Teilnahme an einem Sprachkurs des Goethe-Instituts abgelegt werden.
Es werden bezüglich des Alters der Prüfungsteilnehmenden folgende Empfehlungen gegeben:

Prüfungen für Jugendliche (ab 10 Jahren):
- GOETHE-ZERTIFIKAT A1: FIT IN DEUTSCH 1

Prüfungen für Jugendliche (ab 12 Jahren):
- GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH
- GOETHE-ZERTIFIKAT B1

Prüfung für Jugendliche (ab 15 Jahren):
GOETHE-ZERTIFIKAT B2

### § 3. Ulaagaalee seensaa

3.1 Qormaata Goethe-Institutii kana namni fudhachuuf barbaadu kamiyyuu fudhachuu ni danda'a, namoota kutaa 3.3 hanga 3.7, 11.11 fi 11.12 keessatti caqafaman irraa kan hafe, umrii barbaadamu gadi aanaa ta'ee fi Koorsii afaanii Institutii irratti hirmaachuu fi dhiisuu isaanii osoo hin ilaalin. Umurii kaadhimamtoota qormaataa ilaalchisee yaadootni-gorsaa armaan gadii kennamaniiru.

Qormaatin kennamu kan umriin (10 fi isaa ol-ta'aniif);
- Goethe-Zertifikat A1: Fit in Deutsch 1

Qormaatin kennamu kan umriin (12 fi isaa ol-ta'aniif);
- Goethe Certificate A2 Fit in Deutsch
- Goethe Certificate B1

Qormaatin kennabu kan umriin (15 fi isaa ol-ta'aniif);
- Goethe Certificate B2

Prüfungen für Erwachsene (ab 16 Jahren):
- GOETHE-ZERTIFIKAT A1: START DEUTSCH 1
- GOETHE-ZERTIFIKAT A2
- GOETHE-ZERTIFIKAT B1
- GOETHE-ZERTIFIKAT B2
- GOETHE-ZERTIFIKAT C1

Prüfung für Erwachsene (ab 18 Jahren):
- GOETHE-ZERTIFIKAT C2: GROSSES DEUTSCHES SPRACHDIPLOM

3.2 Für Prüfungsteilnehmende, die vor Erreichen des empfohlenen Alters oder erheblich abweichend vom empfohlenen Alter die Prüfung ablegen, ist ein Einspruch gegen das Prüfungsergebnis aus Altersgründen z. B. wegen nicht altersgerechter Themen der Prüfung o. Ä. ausgeschlossen.
Die Prüfungsteilnahme ist weder an den Besuch eines bestimmten Sprachkurses noch an den Erwerb eines Zertifikats auf einer darunterliegenden Stufe gebunden.

3.3 Personen, die eine Prüfung oder einen Prüfungsteil oder ein Modul nicht bestanden haben, sind bis zum Ablauf der vom jeweils zuständigen Prüfungszentrum für einen wiederholten Prüfungstermin bestimmten Fristen von der Prüfungsteilnahme ausgeschlossen (vgl. § 15).

3.4 Das zuständige Prüfungszentrum kann eine Prüfungssperre gegen eine Person verhängen, wenn der Verdacht besteht auf:
- Fälschung von Zertifikaten des Goethe-Instituts,
- Vorlage eines gefälschten Zeugnisses,
- Vorlage manipulierter Screenshots der Prüfungsergebnisanzeige auf *Mein Goethe.de*.

3.5 Das zuständige Prüfungszentrum kann eine Prüfungssperre gegen eine Person verhängen, wenn der Verdacht besteht, dass Prüfungsinhalte durch diese weitergegeben wurden.

Qormaatin  kennamu kan umriin (16 fi isaa ol-ta'aniif);
- Goethe Certificate A1: Start Deutsch 1
- Goethe Certificate A2
- Goethe Certificate B1
- Goethe Certificate B2
- Goethe Certificate C1

Qormaata kennamu kan umriin (18 fi isaa ol-ta'aniif);
- Goethe-Zertifikat C2: Dippiloomaa Afaan Jarmanii Sadarkaa Ol'aanaa

3.2 Kaadhimamtoota umurii gorfame osoo hin ga'iin dura ykn umrii gorfame irraa haalaan fagaatanii qormaata fudhatanii fi bu'aa qormaata irratti ol'iyyannoo umurii sababeeffate, fkn mata dureewwan qormaataa umurii wajjin kan wal hin simne ta'uu ykn kan wal fakkaatu ta'uu dhabuu irraa kan ka'e, kan hin dabalamne ta'a.
Qormaata irratti hirmaachuun koorsii afaanii murtaa'e irratti argamuunis ta'e sadarkaa gadi aanaa irratti ragaa argachuu wajjin kan walqabatu miti.

3.3 Namootni qormaata, kutaa qormaataa ykn moojulii tokko kufan, hanga yeroon xumuraa wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu irra deebi'anii fudhachuuf kaa'e xumuramutti, qormaata fudhachuu irraa ni hambifamu (§ 15 ilaali).

3.4 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu nama tokko irratti uggura qormaataa kaa'uu ni danda'a; shakkiin armaan gadii yoo jiraate:
- Ragaalee-sobaa Goethe-Institutii irratti hojjechuu;
- Ragaalee-sobaa galchuu;
- Suuraa iskiriinii bu'aa qormaataa Mein Goethe.de irratti agarsiifamu kan harkaan hojjetame galchuu.

3.5 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu nama tokko qabiyyee qormaataa ifa akka godhan shakkiin yoo jiraate uggura qormaataa kaa'uu ni danda'a.

3.6 Das zuständige Prüfungszentrum kann eine Prüfungssperre gegen eine Person verhängen, wenn der Verdacht besteht, dass diese oder ihr nahestehende Personen zur Erlangung eines Zertifikats unrechtmäßige Zahlungen oder andere unzulässige Vorteile (z.B. Geschenke, Einladungen oder sonstige Vergünstigungen) angeboten, versprochen oder gewährt haben oder eine an der Prüfung direkt oder indirekt beteiligte Person bedrohen.
Ein solcher Verdacht liegt regelmäßig vor, wenn der betreffenden Person ein inhaltlich unrichtiges Zertifikat ausgestellt wurde.

3.6 Wiirtuun qormaataa nama gahumsa qabu tokko irratti uggura qormaataa kaa'uu kan danda'u. Yoo isaan ykn namoonni isaan waliin walqabatan kaffaltii seeraan alaa ykn faayidaa hin hayyamamne biroo (fkn kennaawwan, affeerraa ykn faayidaa biroo) waraqaa ragaa fudhachuuf dhiyeessan, waadaa galan ykn nama qormaata keessatti kallattiinis ta'e al-kallattiin hirmaate akka doorsisan shakkiin yoo jiraatee dha. Shakkiin akkasii akka waliigalaatti ragaan odeeffannoo sirrii hin taane of keessaa qabu, nama dhimmi ilaallatuuf kan kenname yoo ta'e akka jirutti fudhatama.

3.7 Das zuständige Prüfungszentrum kann eine Prüfungssperre gegen eine Person verhängen, wenn diese ohne Entrichtung des Prüfungsentgelts an einer Prüfung teilnimmt oder dies versucht, z. B. durch Vorlage gefälschter Buchungsbestätigungen.

3.7 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu nama tokko irratti uggura qormaataa kaa'uu ni danda'a. Namni tokko kaffaltii barnootaa utuu (osoo) hin kaffalin qormaata yoo fudhate ykn akkas gochuuf yoo yaale, fknf mirkaneesse galmaa'uu sobaa yoo dhiyeessee dha.

3.8 Im Falle der Verhängung einer Prüfungssperre gemäß §§ 3.4, 3.5, 3.6, 3.7, 11.11 und 11.12 ist die Teilnahme an Prüfungen während der festgelegten Sperrfrist ausgeschlossen. Dies gilt für sämtliche Prüfungszentren (vgl. § 2) sowie für das gesamte Prüfungsportfolio. Die Dauer der Sperrfrist wird vom zuständigen Prüfungszentrum unter Wahrung des Grundsatzes der Verhältnismäßigkeit festgelegt. In minder schweren Fällen beträgt die Sperrfrist drei Monate bis zu einem (1) Jahr. In schweren Fällen oder bei wiederholten Verstößen kann die Sperrfrist bis zu sechs (6) Jahre betragen. Die Sperrfrist beginnt mit dem Zeitpunkt, zu dem das zuständige Prüfungszentrum von den maßgeblichen Umständen Kenntnis erlangt.

3.8 Bu'uura Kutaawwan 3.4, 3.5, 3.6, 3.7, 11.11 fi 11.12 tiin uggurii qormaataa yoo kaa'ame, yeroo ugguriin murtaa'e keessatti qormaata irratti hirmaannaan dhorkaa dha. Kunis wiirtuuwwan qormaataa hundaa fi (Kutaa 2 ilaalaa) guutummaa portfooliyoo qormaataa irratti raawwatiinsa qaba. Yeroon turtii ugguraa akkaataa qajeelfama wal-madaalummaatiin wiirtuu qormaataa dhimmi ilaallatuun kan murtaa'u ta'a. Haala cimaa hin taane keessatti, yeroon ugguraa ji'a sadii (3) hanga waggaa tokko (1) gidduutti ta'uu mala. Haalootaa ciccimoo ta'an ykn irra daddarbaan irra deddeebiin yoo uumame, yeroon ugguraa hanga waggaa jahaa (6) ta'uu danda'a. Yeroon ugguraa yeroo wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu haala ilaallatu sana bare irraa eegala.

3.9 Darüber hinaus behält sich das Goethe-Institut das Einleiten weiterer rechtlicher Schritte vor.

3.9 Kana malees, Goethe-Institutiin tarkaanfii seeraa dabalataa fudhachuuf mirga qaba.

## § 4 Anmeldung

4.1 Vor Anmeldung zur Prüfung erhalten die Prüfungsinteressierten ausreichend Möglichkeiten, sich am Prüfungszentrum oder via Internet über die Prüfungsanforderungen, die *Prüfungsordnung* und *Durchführungsbestimmungen* und über die anschließende Mitteilung der Prüfungsergebnisse zu informieren. *Prüfungsordnung* und *Durchführungs-bestimmungen* sind in ihrer jeweils aktuellen Fassung im Internet zugänglich.
Mit der Anmeldung bestätigen die Prüfungsteilnehmenden oder bei Minderjährigen die gesetzlichen Vertreter, dass sie die jeweils geltenden Regelungen (siehe Präambel, S. 2) zur Kenntnis genommen haben und anerkennen.

4.2 Nähere Informationen zu den Anmeldemöglichkeiten enthalten das Anmeldeformular oder die Prüfungsbeschreibung im Internet. Die Anmeldeformulare erhalten die Prüfungsinteressierten beim örtlichen Prüfungszentrum oder via Internet.

4.3 Bei beschränkt geschäftsfähigen Minderjährigen ist die Einwilligung des/der gesetzlichen Vertreters/Vertreterin erforderlich.

4.4 Soweit die jeweilige Anmeldemöglichkeit besteht, kann das ausgefüllte Anmeldeformular per Post, Fax oder E-Mail an das jeweils zuständige Prüfungszentrum zurückgesendet werden.

4.5 Für die Anmeldung, den Vertragsschluss und die Vertragsabwicklung gelten vorrangig die *Allgemeinen Geschäftsbedingungen* des Goethe-Instituts e.V. Auf diese wird bei der Anmeldung ausdrücklich hingewiesen.

4.6 Für den Fall, dass die Anmeldung oder die Durchführung der Prüfung über einen Prüfungskooperationspartner erfolgt, gelten ergänzend die *Allgemeinen Geschäftsbedingungen* des Prüfungskooperationspartners. Auf diese wird bei der Anmeldung ausdrücklich hingewiesen.

4.7 Die Angabe der konkreten Uhrzeit wird den Prüfungsinteressenten ca. fünf (5) Tage vor dem Prüfungstermin in Textform mitgeteilt.

## § 4. Galmee

4.1 Kaadhimamtootni eegaman qormaataaf galmaa'uu isaanii dura, ulaagaalee qormaataa, tooftaawwan *qormaataa* fi akkasumas beeksisa bu'aa qormaataatti aanee dhufu ilaalchisee, wiirtuu qormaataa irraa ykn karaa interneetii odeeffannoo argachuuf carraan baldhaan ni kennamaaf. Gosti *tooftaawwan qormaataa* fi kanneen amma jiran interneetii irratti argamu.
Galmaa'uu dhaan, kaadhimamtootni ykn ijoollee umuriin isaanii hin geenye yoo ta'an, bakka bu'oonni seeraa isaanii, tooftaawwan hojiirra jiran hubannoo keessa galchuu isaanii fi fudhachuu isaanii ni mirkaneessu (Seensa fuula 2 ilaalaa).

4.2 Filannoowwan galmee ilaalchisee odeeffannoon dabalataa unka galmee ykn ibsa qormaataa interneetii irratti kennama. Kaadhimamtootni eegaman unka galmee wiirtuu qormaataa naannoo isaanii irraa ykn karaa interneetii argachuu ni danda'u.

4.3 Ijoolleen umuriin isaanii xiqqaa dandeettii seeraa daangeffame qaban, hayyamni bakka bu'aa seeraa (bakka bu'oota) ni barbaachisa.

4.4 Filannoon galmee dhimmi ilaallatu bakka jirutti, unkan galmee guutame poostaa, faaksii ykn imeelii dhaan gara wiirtuu qormaataa dhimmi ilaallatutti deebifamuu ni danda'a.

4.5 *Haalootni Waliigalaa fi* Tooftaawwan Institiyutii Goethe-Institutii e.V. galmee, xumura walii galtee fi raawwii waliigaltee ilaalchisee dursi ni kennamaaf. Isaan kun yeroo galmee ifatti kan ibsamanii dha.

4.6 Galmeen ykn kenniinsi qormaataa karaa waahillan qormaatni yoo raawwatame, *Haalawwanii fi Toofaawwan Waliigalaa* waahillan qormaataa dabalataan raawwatiinsa ni qabaatu. Isaan kun yeroo galmee ifatti kan ibsamanii dha.

4.7 Kaadhimamtootni eegaman guyyaa qormaataa dura tilmaamaan guyyoota shan (5) dursee yeroon murtaa'e keessatti barreeffamaan isaan beeksifama.

4.8 Soweit diese Anmeldemöglichkeit besteht, kann die Anmeldung online unter www.goethe.de oder gegebenenfalls über die Website des jeweiligen Prüfungszentrums erfolgen. Für die Anmeldung, den Vertragsschluss und die Vertragsabwicklung gelten vorrangig die *Allgemeinen Geschäftsbedingungen* des Goethe-Instituts e.V. Auf diese wird bei der Anmeldung ausdrücklich hingewiesen (vgl. 4.5).

4.8 Filannoon galmee kun bakka jirutti, galmeen toora interneetii www.goethe.de ykn bakka barbaachisaa ta'etti karaa marsariitii wiirtuu qormaataa ilaallatuun raawwatamuu ni danda'a. *Haalootni Waliigalaa fi* Tooftaawwan Goethe-Institutii e.V. galmee, xumura waliigaltee fi raawwii waliigaltee ilaalchisee dursi ni kennamaaf. Isaan kun yeroo galmee ifatti kan wabeeffatamanii dha (4.5 ilaalaa).

4.9 Soweit diese Anmeldemöglichkeit besteht, kann die Anmeldung persönlich beim örtlichen Prüfungszentrum erfolgen. Für den Vertragsschluss und die Vertragsabwicklung gelten vorrangig die *Allgemeinen Geschäftsbedingungen* des Goethe-Instituts e.V. Auf diese wird bei der Anmeldung ausdrücklich hingewiesen (vgl. 4.5, 4.8).

4.9 Filannoon galmee kun bakka jirutti, galmeen qaamaan wiirtuu qormaataa naannoo jirutti raawwatamuu ni danda'a. *Haalootnii fi* Tooftaawwan *Waliigalaa* Institiyutii Goethe-Institutii e.V. galmee, xumuraa fi raawwii waliigaltee ilaalchisee dursi ni kennamaaf. Isaan kun yeroo galmee ifatti kan wabeeffatamanii dha (4.5, 4.8 ilaalaa).

## § 5 Termine

Das jeweilige Prüfungszentrum bestimmt die Anmeldefrist sowie Ort und Zeit der Prüfung. Bei nicht modular ablegbaren Prüfungen werden mündlicher und schriftlicher Prüfungsteil in der Regel innerhalb eines Zeitraums von 14 Tagen durchgeführt. Die aktuellen Prüfungstermine und Anmeldefristen finden sich auf den Anmeldeformularen oder bei der Prüfungsbeschreibung auf der Website des jeweiligen Prüfungszentrums.

## § 5. Guyyoota

Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu guyyaa galmee akkasumas bakkee fi sa'aatii qormaanni itti kennamu ni murteessa. Qormaata moojulii keessatti fudhatamuu waan hin dandeenyeef, kutaaleen qormaata afaanii fi barreeffamaa yeroo baay'ee guyyoota 14 keessatti gaggeeffamu. Guyyoonni qormaataa yeroo ammaa fi guyyootni xumura galmee unkoota galmee irratti ykn ibsa qormaataa marsariitii wiirtuu qormaataa ilaallatu irratti argamuu danda'a.

## § 6 Prüfungsgebühr und Gebührenerstattung

6.1 Die Gebühr richtet sich nach der jeweils gültigen lokalen Gebührenordnung und wird auf dem Anmeldeformular oder bei der Prüfungsbeschreibung im Internet ausgewiesen. Die Prüfung kann nicht begonnen werden, sofern die vereinbarten Zahlungstermine nicht eingehalten wurden.

## § 6. Kaffaltii qormaataa fi kaffaltii deebisuu:

6.1 Kaffaltiin kun sagantaa kaffaltii naannoo yeroo ammaa hojiirra jiru irratti kan hundaa'ee fi unka galmee irratti ykn ibsa qormaataa interneetii irratti kan ibsamee dha. Yeroon kaffaltii waliigaltee irra gahe yoo hin guutamne qormaanni jalqabamuu hin danda'u.

6.2 Wird ein/-e Teilnehmende/-r von der Prüfung ausgeschlossen (vgl. § 11), wird die Prüfungsgebühr nicht zurückerstattet.

6.2 Kaadhimamaan tokko qormaata keessatti akka hin hirmaanne yoo godhame (§ 11 ilaalaa), kaffaltiin qormaataa hin deebi'uuf.

6.3 Gilt eine Prüfung aus Krankheitsgründen als nicht abgelegt (vgl. § 12), wird die Prüfungsgebühr für den nächsten Prüfungstermin gutgeschrieben. Das jeweils zuständige Prüfungszentrum entscheidet über die Erhebung einer Verwaltungsgebühr in Höhe von bis zu 25 % der Prüfungsgebühr für die Umbuchung. Dem/Der Prüfungsteilnehmenden bleibt der Nachweis vorbehalten, dass ein Schaden überhaupt nicht entstanden oder wesentlich niedriger als die Pauschale ist.

6.4 Wird einem Einspruch stattgegeben (vgl. § 19), so gilt die Prüfung als nicht abgelegt und die Prüfungsgebühr wird vom Prüfungszentrum gutgeschrieben oder erstattet.

## § 7 Prüfungsmaterialien

Die Prüfungsmaterialien (im Print-, Digital- und Online-Format) werden ausschließlich in der Prüfung und nur in der Form verwendet, in der sie von der Zentrale des Goethe-Instituts ausgegeben werden. Die Prüfungstexte werden weder in ihrem Wortlaut noch in ihrer Anordnung verändert; ausgenommen von dieser Bestimmung ist die Korrektur technischer Fehler oder Mängel.

## § 8 Ausschluss der Öffentlichkeit

Die Prüfungen sind nicht öffentlich.

Ausschließlich Vertreter/-innen oder Beauftragte des Goethe-Instituts sind aus Gründen der Qualitätssicherung (vgl. § 24) berechtigt, auch unangemeldet den Prüfungen beizuwohnen. Sie dürfen jedoch nicht in das Prüfungsgeschehen eingreifen.
Eine solche Hospitation ist im *Protokoll über die Durchführung der Prüfung* unter Angabe des Zeitraums zu dokumentieren.

6.3 Qormaanni tokko sababa dhukkubaatiin akka hin fudhatamnetti yoo fudhatame (ilallame) (§ 12 ilaalaa), kaffaltiin qormaataa gara guyyaa qormaata itti aanuutti galfama (dabarfama). Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu irra deebiin qoruuf galmeessuuf 25% kaffaltii qormaataa irraa shallagee kaffaltii  bulchiinsaaf kaaffalchiisuu fi dhiisuu isaa ni murteessa. Kaadhimamaan kaasaaraan tasumaa akka hin mudanne ykn kaffaltii walfakkaatu irraa haalaan gadi ta'uu isaa mirkaneessuuf mirga qaba.

6.4 Iyyannoon yoo fudhatame (§ 19 ilaalaa), qormaanni akka hin fudhatamnetti kan ilaalamu yoo ta'u, kaffaltiin qormaataa wiirtuu qormaataatiin ni galfama ykn ni deebi'a.

## § 7. Leeccalloowwan qormaataa

Leeccalloowwan qormaataa (bifa maxxansaa, dijitaalaa fi toora interneetii) yeroo qormaataa qofaa fi bifa waajjira muummee Goethe-Institutii irraa kennameen qofa kan faayidaarra oolan ta'a. Barreeffamootni qormaataa jechoota isaaniitiinis ta'e haala qindaa'ina isaanitiin jijjiiramuu hin qaban; dogoggora teeknikaa ykn mudaa sirreessuun tumaa kana irraa bilisa ta'a.

## § 8. Ummata keessaa hambisuu

Qormaatni kun ummataaf banaa miti.

Kaayyoo mirkaneessa qulqullinaaf  (§ 24 ilaalaa) jecha, bakka bu'oota ykn ergamtoota hayyama qaban kan Goethe-Institutii qofatu beeksisa dursaallee malee, qormaata irratti hirmaachuuf mirga qabu. Haa ta'u malee, adeemsa qormaataa gidduu seenuu hin qaban.
Tajaajilli akkasii *galmee qormaataa* keessatti galmaa'uu qaba, yeroo turtii ibsuu dhaan.

**§ 9 Ausweispflicht**

Vertreter/-innen oder Beauftragte des Prüfungszentrums sind verpflichtet, die Identität der Prüfungsteilnehmenden zweifelsfrei festzustellen. Die Prüfungsteilnehmenden weisen sich vor Prüfungsbeginn und gegebenenfalls zu jedem beliebigen Zeitpunkt während des Prüfungsablaufs mit einem offiziellen, gültigen Ausweisdokument mit Lichtbild aus. Das Prüfungszentrum hat das Recht, über die Art des Ausweisdokuments zu entscheiden und weitere Maßnahmen zur Klärung der Identität durchzuführen. Welche Dokumente akzeptiert werden und welche weiteren Maßnahmen zur Identitätsfeststellung vorgenommen werden können, wird dem/der Prüfungsteilnehmenden zusammen mit der Entscheidung über die Teilnahme (§§ 3, 4) mitgeteilt.

**§ 9. Dirqama ragaa eenyummaa dhiheessuu**

Bakka bu'ootni ykn ergamtootni wiirtuu qormaataa eenyummaa kaadhimamtootaa shakkii tokko malee mirkaneessuuf dirqama qabu. Kaadhimamtootni qormaanni osoo hin jalqabin dura, yoo barbaachisaa ta'e, yeroo kamiyyuu raawwii qormaataa keessatti, waraqaa eenyummaa suuraa qabu, seera qabeessaa fi sirrii ta'e dhiyeessu qabu. Wiirtuun qormaataa gosa sanada (ragaa) eenyummaa irratti murteessuu fi eenyummaa mirkaneessuuf tarkaanfii dabalataa fudhachuuf mirga qaba. Kaadhimamaan qormaataa sanadoonni (ragaaleen) kamiyyuu fudhatama akka argatanii fi tarkaanfiiwwan dabalataa akkamii eenyummaa mirkaneessuuf fudhatamuu akka danda'an, murtii hirmaannaa ilaalchisee kenname waliin ni beeksifamu (§§ 3, 4).

**§ 10 Aufsicht**

Durch mindestens eine qualifizierte Aufsichtsperson wird sichergestellt, dass die Prüfungen ordnungsgemäß durchgeführt werden. Die Prüfungsteilnehmenden dürfen während der laufenden Prüfung den Prüfungsraum nur einzeln verlassen. Dies wird im *Protokoll über die Durchführung der Prüfung* (vgl. § 16) unter Angabe des konkreten Zeitraums vermerkt. Teilnehmende, die die Prüfung vorzeitig beenden, dürfen den Prüfungsraum während der Prüfung nicht mehr betreten.

Die Aufsichtsperson

- gibt während der Prüfung die nötigen organisatorischen Hinweise,
- stellt sicher, dass die Teilnehmenden selbstständig und nur mit den erlaubten Arbeitsmitteln (vgl. auch § 11) arbeiten,
- ist nur zur Beantwortung von Fragen zur Durchführung der Prüfung befugt,
- darf keine Fragen zu Prüfungsinhalten beantworten oder kommentieren.

**§ 10 To'annoo**

Yoo xiqqaate qoraan gahumsa qabu tokko qormaanni sirnaan gaggeeffamuu isaa ni mirkaneessa. Kaadhimamtootni yeroo qormaanni adeemsifamaa jiru kutaa qormaataa keessaa kan ba'uu danda'an yeroo tokkotti nama tokko qofaani (duwwaa dhani). Kunis *galmee raawwii qormaataa* (§ 16 ilaalaa) keessatti ni hubatama, yeroo sirrii isaa ibsuun. Kaadhimamtootni qormaata dafanii xumuran yeroo qormaataatti deebi'anii kutaa qormaataa keessa seenuun dhorkamuu mala.

Qoraan qormaataa

- Yeroo qormaataa qajeelfama gurmaa'insaa barbaachisaa ta'e ni kenna;
- Kaadhimamtootni of danda'anii fi leeccalloowwan hayyamaman qofaan akka hojjetan ni taasisa (§ 11s ilaalaa);
- Qoruu qormaatichaa ilaalchisee gaaffilee dhiyaatan qofa deebisuuf aangoon kan kennameefi dha;
- Qabiyyee qormaataa ilaalchisee gaaffii dhiyaataniif deebii kennuu ykn yaada kennuu hin qabu;

**§ 11 Ausschluss von der Prüfung**

11.1 Das zuständige Prüfungszentrum schließt Prüfungsteilnehmende von der Prüfung aus, welche im begründeten Verdacht stehen im Zusammenhang mit der Prüfung zu täuschen.

**§ 11 Qormaata keessaa hambifamuu**

11.1 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu kaadhimamtootni qormaatichaan walqabatee hatuuf yaalii gochaa jiraachuu isaanii shakkiin amansiisaan yoo jiraate qormaata keessaa ni hambisa.

11.2 Das zuständige Prüfungszentrum schließt Prüfungsteilnehmende von der Prüfung aus, welche im begründeten Verdacht stehen, unerlaubte Hilfsmittel in den Vorbereitungs- oder Prüfungsraum mitzuführen. Als unerlaubte Hilfsmittel gelten:

- Fachliche Unterlagen, die weder zum Prüfungsmaterial gehören noch in den *Durchführungsbestimmungen* vorgesehen sind (z. B. Wörterbücher, Grammatiken, eigenes Konzeptpapier der Prüfungsteilnehmenden o. Ä.).
- Technische Hilfsmittel, wie Mobiltelefone, Minicomputer, Smartwatches oder andere zur Aufzeichnung oder Wiedergabe geeignete Geräte. Hörgeräte zählen zu den unerlaubten technischen Hilfsmitteln, wenn diese nicht bei der Prüfungsanmeldung als spezifischer Bedarf angegeben werden (vgl. *Ergänzungen zu den Durchführungsbestimmungen: Prüfungsteilnehmende mit spezifischem Bedarf*).

11.2 Wiirtuun qormaataa itti gaafatamummaa qabu kaadhimamtootni meeshaalee gargaarsaa hayyama hin qabne gara kutaa qophii ykn qormaataatti fidaniiru jedhamee shakkiin amansiisaan yoo jiraate qormaata keessaa ni hambisa. Kanneen armaan gadii akka meeshaalee gargaarsaa hayyama hin qabneetti ilaalamu:

- Sanadoota mata-duree saniin addatti ilaallaman kanneen qaama meeshaa qormaataa hin taanee fi tooftaawwan qormaataa keessatti hin dhiyaanne (fkn. galmee jechootaa, kitaabota caaslugaa, waraqaa wixinee kaadhimamaa mataa ofii fi kkf);
- Gargaarsa teeknikaa kan akka bilbila harkaa, kompiitara xiqqaa, sa'aatii ismaartii ykn meeshaalee biroo waraabuuf ykn taphachiisuuf mijatan. Meeshaaleen dhageettii yeroo galmee qormaataa akka barbaachisummaa addaatti yoo ibsaman malee gargaarsa teeknikaa hayyama hin qabne jedhamanii ramadamu (Dabalata Tooftawwan Qormaataa: Kaadhimamtoota ulaagaa addaa qaban ilaalaa);

11.3 Das zuständige Prüfungszentrum schließt Prüfungsteilnehmende von der Prüfung aus, deren Verhalten den ordnungsgemäßen Ablauf der Prüfung stört.

11.3 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu kaadhimamtootni amalli isaanii qormaata sirnaan gaggeessuu yoo kan jeeqan ta'an qormaata keessaa ni hambisa.

11.4 Das zuständige Prüfungszentrum schließt Prüfungsteilnehmende von der Prüfung aus, wenn der begründete Verdacht besteht, dass in der Prüfung keine Eigenleistung erbracht wurde. Eine fehlende Eigenleistung kann insbesondere vorliegen, wenn:

- im Prüfungsteil/Modul HÖREN Antworten markiert wurden, bevor der Text angehört wurde;
- im Prüfungsteil/Modul LESEN Antworten markiert wurden, bevor der Text gelesen wurde;
- im Prüfungsteil/Modul SCHREIBEN Texte angefertigt wurden, welche ganz oder teilweise nicht dem vorhandenen Sprachniveau des/der Prüfungsteilnehmenden entsprechen, wie es sich aus dem Gesamtbild der Prüfung ergibt;
- bei mindestens zwei Prüfungsteilnehmenden ungewöhnliche Übereinstimmungen bei den abgegebenen Prüfungsantworten vorliegen;
- auswendig gelernte Prüfungsantworten und/oder Mustertexte verwendet werden.

11.4 Wiirtuun qormaataa itti gaafatamummaa qabu kaadhimamtootni yeroo qormaataa hojii mataa isaanii akka hin dhiheessine shakkiin amansiisaan yoo jiraate qormaaticha keessaa ni hambisa. Hojii mataa ofii hojjechuu dhabuun keessumaa kan jiraachuu malu yoo:

- Kutaa/moojulii dhaggeeffachuu keessatti, barreeffamni osoo hin dhaggeeffatamin dura deebiiwwan irratti mallattoon yoo godhame;
- Kutaa/moojulii dubbisuu keessatti, barreeffamichi osoo hin dubbifamin dura deebiiwwan irratti mallattoon yoo godhame;
- Kutaa/moojulii barreessuu keessatti, barreeffamootni, guutummaan guutuuttis ta'e gartokkoon isaanii, sadarkaa afaanii qabatamaa kaadhimamaa wajjin wal hin simne kan oomishaman yoo ta'e, kunis suuraa waliigalaa qormaatichaatiin ragaa yoo ba'ameef dha;
- Deebii qormaataa dhiyaate keessatti yoo xiqqaate kaadhimamtoota lama gidduutti walfakkeenyi hin baratamne jiru;
- Deebiiwwan qormaataa sammuutti qabaman ykn barreeffamootni moodelaa faayidaarra yoo oolan.

11.5 Das zuständige Prüfungszentrum schließt Prüfungsteilnehmende von der Prüfung aus, welche im begründeten Verdacht stehen, Prüfungsmaterial zu entwenden oder Dritten zugänglich machen. Es genügt hier bereits der begründete Verdacht eines Versuchs.

11.5 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu kaadhimamtootni leeccalloowwan qormaataa hataniiru ykn qaama sadaffaaf akka dhiyaatan taasisaniiru jedhamee shakkiin amansiisaa ta'e yoo jiraate qormaata keessaa ni hambisa. Gama kanaan shakkiin yaalii amansiisaan gahaa dha.

11.6 Besteht der begründete Verdacht, dass Prüfungsteilnehmende im Zusammenhang mit der Prüfung über ihre Identität täuschen oder zu täuschen versuchen, so schließt das zuständige Prüfungszentrum diese sowie alle an der Identitätstäuschung beteiligten Personen von der Prüfung aus.

11.6 Qormaata waliin walqabatee kaadhimamtootni eenyummaa isaanii ilaalchisee gowwoomsaa yoo jiraatan ykn gowwoomsuuf yaaluu isaanii shakkiin amansiisaan yoo jiraate, wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu isaanis ta'e namoota gowwoomsaa keessatti hirmaatan hunda qormaata keessaa ni hambisa.

11.7 Das zuständige Prüfungszentrum schließt Prüfungsteilnehmende, bei denen der begründete Verdacht besteht, dass sie oder ihnen nahestehende Personen zur Erlangung eines Zertifikats unrechtmäßige Zahlungen oder andere unzulässige Vorteile (z.B. Geschenke, Einladungen oder sonstige Vergünstigungen) angeboten, versprochen oder gewährt haben oder eine an der Prüfung direkt oder indirekt beteiligte Person bedrohen, von der Prüfung aus.

11.7 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu, dorgomtoota isaanii ykn namoonni isaan waliin walqabatan kaffaltii seeraan alaa ykn faayidaa hin hayyamamne biroo (fkn kennaa, affeerraa ykn faayidaa biroo) akka dhiyeessan, waadaa galani ykn kennan; shakkiin amansiisaan yoo jiraate, ykn nama qormaata keessatti kallattiinis ta'e al-kallattiin hirmaate yoo doorsisan, qormaata irraa ni hambisa.

11.8 Vertreter/-innen oder Beauftragte des Prüfungszentrums haben das Recht, die Einhaltung der oben genannten Bestimmungen zu überprüfen und durchzusetzen. Zuwiderhandlungen führen zum Prüfungsausschluss.

11.8 Bakka bu'oonni ykn ergamtoonni wiirtuu qormaataa tumaalee armaan olii kabajuu isaanii mirkaneessuu fi raawwachiisuuf mirga qabu. Irra daddarbi kamiyyuu qormaata irraa akka hambifaman taasisa.

11.9 Im Falle eines Prüfungsausschlusses werden die Prüfungsleistungen nicht bewertet.

11.9 Qormaata keessaa yoo hambifaman, raawwiin qormaataa hin madaalamu.

11.10 Über den Ausschluss hinaus behält sich das Prüfungszentrum vor, weitere rechtliche Schritte einzuleiten.

11.10 Hambisuu dabalatee, wiirtuun qormaataa tarkaanfii seeraa dabalataa fudhachuuf mirga qaba.

11.11 Wird ein/-e Prüfungsteilnehmende/-r aus einem der in 11.1 bis 11.8 genannten Gründe von der Prüfung ausgeschlossen, kann das zuständige Prüfungszentrum eine Prüfungssperre verhängen.

11.11 Kaadhimamaan qormaataa tokko sababoota 11.1 hanga 11.8 keessatti ibsaman keessaa tokkoon qormaata irraa kan hambifame yoo ta'e, wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu uggura qormaataa kaa'uu ni danda'a.

11.12 Stellt sich nach Beendigung der Prüfung heraus, dass ein Ausschlusstatbestand gemäß 11.1 bis 11.7 erfüllt ist, so ist das zuständige Prüfungszentrum berechtigt, die Prüfung als nicht bestanden zu bewerten und das ggf. ausgestellte Zertifikat zurückzufordern. Das zuständige Prüfungszentrum kann den/die Betroffene/-n anhören, bevor es eine Entscheidung trifft. Das zuständige Prüfungszentrum kann in Zweifelsfällen die Zentrale des Goethe-Instituts verständigen und um Entscheidung bitten. Das zuständige Prüfungszentrum kann weiterhin eine Prüfungssperre verhängen.

11.12 Qormaanni erga xumuramee booda, 11.1 hanga 11.7 jalatti sababni hambifamuu yoo guutame, wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu qormaanni sun akka kufame (kufe) madaallii gochuu fi ragaa tarii kennamee ture kamiyyuu deebisee fudhachuuf mirga qaba. Wiirtuun qormaataa itti gaafatamummaa qabu murtii kennuu isaa dura nama dhimmi ilaallatu dhagahuu (qunnamuu) ni danda'a. Yoo shakkiin uumame, wiirtuun qormaataa itti gaafatamummaa qabu waajjira muummee Goethe-Institutii qunnamee murtii gaafachuu ni danda'a. Wiirtuun qormaataa itti gaafatamummaa qabu akkasumas uggura qormaataa kaa'uu ni danda'a.

## § 12 Rücktritt von der Prüfung und Abbruch der Prüfung

12.1 Unbeschadet des gesetzlichen Widerrufsrechts gilt Folgendes: Entscheidet sich ein/-e Teilnehmende/-r, die Prüfung nicht abzulegen (Rücktritt), besteht grundsätzlich kein Anspruch auf Rückerstattung von bereits entrichteten Prüfungsgebühren. Näheres ist in den *Allgemeinen Geschäftsbedingungen* geregelt. Wird die Prüfung nach Beginn abgebrochen, so gilt die Prüfung als *nicht bestanden*.

12.2 Wird eine Prüfung nicht begonnen oder nach Beginn abgebrochen und werden dafür Krankheitsgründe geltend gemacht, sind diese unverzüglich durch Vorlage eines ärztlichen Attests beim zuständigen Prüfungszentrum nachzuweisen. Die Entscheidung über das weitere Vorgehen trifft das Prüfungszentrum nach Rücksprache mit der Zentrale des Goethe-Instituts.

12.3 Hinsichtlich der Rückerstattung der Prüfungsgebühren gilt 6.2 und 6.3.

## § 12. Qormaata dhiisuu fi qormaata addaan kutuu

12.1 Mirgi seeraan dhiisuu jiraachuun akkuma jirutti ta'ee, kanneen armaan gadii raawwatiinsa qabaatu: Kaadhimamaan tokko qormaataaf akka hin teenye yoo murteesse (dhiisuu), akka waliigalaatti kaffaltiin qormaataa duraan kaffalame akka deebi'uuf mirga hin qabu. Baldhinni dabalataa *Haalawwanii fi* Tooftaawwan *Waliigalaa* keessatti kaa'ameera. Qormaanni erga jalqabee booda yoo addaan kutame, qormaanni sun *ni kufe* jedhameet fudhatama.

12.2 Qormaanni tokko erga jalqabamee booda qoramaan yoo hin jalqabne ykn addaan citee fi sababa ta'ee dhukkubni yoo ka'e, kunis ragaa fayyaa wiirtuu qormaataa dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuun hatattamaan mirkanaa'uu qaba. Wiirtuun qormaataa waajjira muummee Goethe-Institutii erga mariisiseen booda tarkaanfii dabalataa irratti ni murteessa.

12.3 Kaffaltii qormaataa deebisuu ilaalchisee, keewwattoonni 6.2 fi 6.3 raawwatiinsa ni qabaatu.

## § 13 Mitteilung der Prüfungsergebnisse

Die Mitteilung der Prüfungsergebnisse erfolgt in der Regel über das Prüfungszentrum, an dem die Prüfung abgelegt wurde. Eine individuelle vorzeitige Ergebnismitteilung ist nicht möglich.

## § 13 Bu'aa qormaataa beeksisuu

Bu'aan qormaataa yeroo baayyee karaa wiirtuu qormaataa qormaanni itti fudhatameen beeksifama. Bu'aa qormaataa dhuunfaan duursanii beeksisuun kan danda'amu miti.

## § 14 Zertifizierung

14.1 Sofern eine Prüfung als bestanden bewertet wird, wird dem/der Prüfungsteilnehmenden ein Zertifikat hierüber ausgestellt. Die Zertifikate werden in Papierform oder digital ausgestellt. Die Form der Ausstellung der Zertifikate hängt von den Gegebenheiten am Prüfungszentrum vor Ort ab. Es besteht hierbei kein Anspruch auf die Ausstellung eines Zertifikats in einer bestimmten Form. Für die Ausstellung eines Zertifikats in Papierform zusätzlich zur digitalen Ausstellung kann das zuständige Prüfungszentrum eine Verwaltungsgebühr erheben.
Die Gültigkeit von Goethe-Zertifikaten kann auf der Website www.goethe.de/verify überprüft werden.

14.2 Das Zertifikat in Papierform wird in einfacher Ausfertigung ausgestellt und ist von dem/der Prüfungsverantwortlichen und einem/einer Prüfenden unterschrieben.

14.3 Digitale Zertifikate werden den Prüfungsteilnehmenden als PDF-Datei zur Verfügung gestellt.

14.4 Im Falle des Zeugnisverlusts kann durch das Prüfungszentrum, bei dem sich die Teilnehmenden für die Prüfung angemeldet haben, innerhalb von 10 Jahren eine Ersatzbescheinigung ausgestellt werden. Die Ausstellung einer Ersatzbescheinigung ist kostenpflichtig.

14.5 Die Prüfungsleistungen werden in Form von Punkten und gegebenenfalls sich daraus ableitenden Prädikaten dokumentiert. Das Prüfungszentrum weist bei Nichtbestehen auf die Bedingungen zur Wiederholung der Prüfung hin. Die Teilnahme an einer abgelegten, aber nicht bestandenen Prüfung wird unter Nennung der erhaltenen Punktwerte auf Wunsch bestätigt.

14.6 Prüfungsteilnehmende, die unten stehende nicht-modulare Prüfungen in allen Teilen abgelegt und bestanden haben, erhalten jeweils ein Gesamtzeugnis, welches die Ergebnisse von allen vier Prüfungsteilen ausweist:
- GOETHE-ZERTIFIKAT A1: FIT IN DEUTSCH 1
- GOETHE-ZERTIFIKAT A1: START DEUTSCH 1
- GOETHE-ZERTIFIKAT A2 FIT IN DEUTSCH
- GOETHE-ZERTIFIKAT A2

## § 14 Mirkaneessuu

14.1 Qormaatni tokko madaallii darbeera/darbiteerti jedhu yoo argate, ragaan kana ilaallatu kaadhimamtootaaf ni kennama. Ragaaleen waraqaan ykn bifa dijitaalaatiin kennama. Foormaatiin ragaan itti kennamu haala wiirtuu qormaataa naannoo sanaa irratti hundaa'a. Kenna ragaa foormaatii murtaa'ee irratti mirgi hin jiru. Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu ragaa waraqaa kennuu dhaaf kaffaltii bulchiinsaa kan dijiitaalaa dabalataan kaffalchiisuu ni danda'a.
Fudhatamummaan ragaalee Goethe marsariitii www.goethe.de/verify irratti ilaalamuu danda'a.

14.2 Ragaan waraqataa koppii (fakkatti ) tokkoon kan kennamu yoo ta'u, bulchaa qormaataa fi qoraa dhaan mallatteeffama.

14.3 Ragaaleen dijiitaalaa kaadhimamaa qormaataaf akka faayila PDF-tti akka dhiyaatan taasifama.

14.4 Ragaan yoo bade, wiirtuun qormaataa kaadhimamtootni qormaataaf itti galmaa'an waggaa 10 keessatti ragaa bakka bu'aa kennuu ni danda'a. Ragaa bakka bu'aa kennuu dhaaf kaffaltiin ni kaffalama.

14.5 Bu'aan qormaataa bifa qabxii fi, bakka barbaachisaa ta'etti, sederkaa isarraa argameen galmaa'a. Yoo kufan, Wiirtuun Qormaataa haal-duree qormaata irra deebi'anii qoramuu itti danda'an kaadhimamtoota ni beeksisa. Gaaffiin yoo dhiyaate, qormaata taa'ameefii garuu osoo hin darbin hafe irratti mirkaneessi ragaa argamuu ni dhiyaata, qabxii argame ibsuun.

14.6 Kaadhimamtootni qormaata moojularii hin taane armaan gaditti tarreeffaman hunda fudhatanii fi darban tokkoon tokkoon isaanii ragaa waliigalaa bu'aa qormaata kutaalee afranuu (arfanuu) agarsiisu ni argatu:
- Goethe-Zertifikat A1: Fit in Deutsch 1
- Goethe Certificate A1: Jalqaba Deutsch 1
- Goethe-Zertifikat A2 Fit in Deutsch
- Goethe-Zertifikat A2

14.7.1 Prüfungsteilnehmende, die ein Modul oder mehrere Module der Prüfungen

- GOETHE-ZERTIFIKAT B1
- GOETHE-ZERTIFIKAT B2
- GOETHE-ZERTIFIKAT C1
- GOETHE-ZERTIFIKAT C2: GROSSES DEUTSCHES SPRACHDIPLOM

abgelegt und bestanden haben, erhalten je ein Zeugnis über das oder die abgelegte(n) Modul(e).

14.7.1 Kaadhimamtoota qormaata moojulii tokkoo fi isaa ol fudhatan

- Goethe Certificate B1
- Goethe-Zertifikat B2
- Goethe-Zertifikat C1
- Goethe-Zertifikat C2: Grosses Deutsches Sprachdiplom

Tokkoon tokkoon isaanii moojuloota fudhatamaniif ragaa ni argatu.

14.7.2 Werden alle vier Module an **einem** Prüfungsort und **einem** Prüfungstermin abgelegt und bestanden, haben die Prüfungsteilnehmenden alternativ das Recht auf ein Gesamtzeugnis, das alle vier Module ausweist.

14.7.2 Moojulootni afranuu wiirtuu qormaataa **tokkottii** fi guyyaa qormaataa **tokkotti** yoo fudhatamanii fi darbaman, kaadhimamtootni akka filannootti ragaa walitti qabamaa moojuloota arfanuu tarreessu argachuuf mirga qabu.

14.7.3 Werden zu einem späteren Zeitpunkt ein oder mehrere Module erneut abgelegt, sind die dafür erhaltenen Zeugnisse mit bereits zuvor erworbenen kombinierbar.

14.7.3 Moojuliin tokko yookiin isaa ol yeroo booda irra deebi'amee yoo fudhatame, ragaaleen booda argaman kanneen duraan argaman waliin walitti dabalamuu malu.

14.7.4 Sofern es die organisatorischen Möglichkeiten am Prüfungszentrum erlauben, kann auf Wunsch zusätzlich ein Gesamtzeugnis ausgestellt werden. Auf dem Gesamtzeugnis werden die besten Ergebnisse, die innerhalb eines Jahres in den vier Modulen erzielt wurden, aufgeführt.
Das Gesamtzeugnis bescheinigt das Bestehen aller vier Module innerhalb eines Jahres

- an Goethe-Instituten innerhalb der Europäischen Union
- an Goethe-Instituten in Drittstaaten innerhalb eines Landes.

14.7.4 Qophiin gurmaa'insaa wiirtuu qormaataa keessatti taasifamu kan hayyamu yoo ta'e, gaaffiin yeroo dhiyaatu ragaan waliigalaas kennamuu ni danda'a. Ragaan baldhaan kun bu'aa gaarii moojuloota afran keessatti waggaa tokko keessatti argaman tarreessa.
Ragaan waliigalaa kun moojulootni afranuu (arfanuu) waggaa tokko keessatti darbamuu isaanii mirkaneessa

- Goethe-Institutiitti Gamtaa Awurooppaa keessatti;
- Goethe-Institutiitti biyyoota sadaffaa keessaa biyya qeenxee tokko keessatti;

14.7.5 Institutsübergreifende Gesamtzeugnisse können nur von Goethe-Instituten ausgestellt werden, an denen mindestens ein Modul erfolgreich abgelegt wurde.

14.7.5 Ragaaleen waliigalaa qaxxaamura-dhaabbilee Goethe-Institutii dhaan _yoo xiqqaate moojuliin tokko milkaa'inaan itti xumurame qofaan kennamuu dandaa.

14.7.6 An Goethe-Zentren und bei Prüfungskooperationspartnern kann ein Gesamtzeugnis ausgestellt werden, wenn alle vier Module **innerhalb eines Jahres am gleichen Prüfungszentrum** bestanden wurden.

14.7.6 Ragaan waliigalaa Goethe-Zentrenii fi waahillan qormaataatiin kennamuu kan danda'u yoo moojulootni arfan **waggaa tokko keessatti wiirtuu qormaataa tokkotti** kan darbaman yoo ta'ee dha.

14.7.7 Das jeweils zuständige Prüfungszentrum entscheidet über die Erhebung einer Verwaltungsgebühr in Höhe von bis zu 25 % der Prüfungsgebühr für die Ausstellung eines Gesamtzeugnisses.

14.7.7 Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu ragaa waliigalaa baasuuf 25% kaffaltii qormaataa irraa shallagee kaffaltii bulchiinsaaf kaaffalchiisuu fi dhiisuu isaa ni murteessa.

14.8 Zertifikate, die von dem zuständigen Prüfungszentrum oder der Zentrale des Goethe-Instituts als gefälscht oder inhaltlich unrichtig bewertet werden, sind ungültig.

14.8 Ragaaleen madaallii wiirtuu qormaataa dhimmi ilaallatuun ykn waajjira muummee Goethe-Institutiin akka sobaa ta'anitti ykn odeeffannoo sirrii hin taane of keessaa akka qabanitti madaalaman seera qabeessa miti.

14.9 Sofern eine Prüfung zu einem Zeitpunkt abgelegt wurde, zu dem eine Prüfungssperre bestand, wird diese als nicht bestanden bewertet. Falls aufgrund einer solchen Prüfung ein Zertifikat ausgestellt wurde, ist dieses ungültig. Eine Rückerstattung der Prüfungsgebühren erfolgt in diesem Fall nur dann, wenn die Anmeldedaten mit den Angaben im Ausweisdokument übereinstimmen.

14.9 Qormaanni tokko yeroo uggurri qormaataa hojiirra turetti kan fudhatame yoo ta'e, madaalliin qormaatichaa akka kufametti fudhatama. Bu'uura qormaata akkasiitiin ragaan kan kenname yoo ta'e, seera qabeessa hin ta'u. Haala akkanaa keessatti, kaffaltiin qormaataa kan deebi'u, yoo odeeffannoon galmee fi odeeffannoo sanada eenyummaa irratti argamu waliin kan walsimu ta'e qofaa dha.

14.10 Sofern im Zusammenhang mit rechtwidriger Prüfungsmanipulation, insbesondere durch in den Prüfungsprozess involvierte Personen, Prüfungsunterlagen abhandenkommen, kann das zuständige Prüfungszentrum die aufgrund dieser Prüfungen erteilten Zertifikate für ungültig erklären. Sofern keine Anhaltspunkte vorliegen, dass die betroffenen Prüfungsteilnehmenden in die Prüfungsmanipulation eingebunden sind, ist diesen eine kostenfreie Wiederholungsprüfung anzubieten.

14.10 Qormaata seeraan ala qabuu waliin walqabatee, keessumaa namoota adeemsa qormaataa keessatti hirmaataniin, sanadoonni qormaataa yoo badan, wiirtuun qormaataa itti gaafatamummaa qabu ragaaleen bu'uura qormaata kanaan kennaman seera qabeessa akka hin taane labsuu ni danda'a. Kaadhimamtootni dhimmi ilaallatu manipulation (tooftaa to'achuu) qormaataa keessatti hirmaachuu isaanii ragaan yoo hin jiraanne, bilisaan deebi'anii akka fudhataniif affeeramuu qabu.

14.11 Bei fehlerhaften persönlichen Angaben auf dem Zertifikat, muss der/die Prüfungsteilnehmende dies unverzüglich nach Aushändigung dem Prüfungszentrum mitteilen. Nach Vorlage eines gültigen Ausweisdokuments wird ein neues Zertifikat mit den korrigierten Personendaten ausgestellt. Das fehlerhafte Zertifikat wird somit ungültig. Fehlerhafte Zertifikate in Papierform müssen dem zuständigen Prüfungszentrum zurückgegeben werden.
Das jeweils zuständige Prüfungszentrum entscheidet über die Erhebung einer Verwaltungsgebühr in Höhe von bis zu 25 % der Prüfungsgebühr für die Neuausstellung. Das Recht auf unentgeltliche Berichtigung von personenbezogenen Daten und Auskunft nach der *DSGVO* kann unabhängig davon ausgeübt werden (vgl. Datenschutzhinweise auf www.goethe.de unter dem Menüpunkt „Datenschutz").

14.11 Ragicha keessatti odeeffannoo dhuunfaa irratti dogoggorri yoo jiraate, kaadhimamaan erga fudhatee booda hatattamaan wiirtuu qormaataa beeksisuu qaba. Sanadni (Ragaa) eenyummaa seera qabeessa ta'e yeroo dhiyaatu ragaan haarroffame odeeffannoo dhuunfaa sirreeffama of keessaa qabu ni kennama. Kanaafuu ragaan sirrii hin taane fudhatama hin qabaatu. Ragaan waraqataa sirrii hin taane gara wiirtuu qormaataa dhimmi ilaallatutti deebifamuu qaba. Wiirtuun qormaataa dhimmi ilaallatu irra deebiin baasuuf 25% kaffaltii qormaataa irraa shallagee kaffaltii bulchiinsaaf kaaffalchiisuu fi dhiisuu isaa ni murteessa. Mirgi daataa (Ragaa) dhuunfaa bilisaan akka sirreeffamuu fi odeeffannoo *GDPR* jalatti argachuu, kana irraa bifa walaba ta'een kabajamuu ni danda'a (imaammata iccitii dhuunfaa www.goethe.de irratti baafata 'Imaammata Iccitii Dhuunfaa' jalatti ilaalaa).

## § 15 Wiederholung der Prüfung

Die in 14.6 und 14.7.1 genannten Prüfungen können als Ganzes beliebig oft wiederholt werden; für die in 14.7.1 genannten modularen Prüfungen besteht darüber hinaus die Möglichkeit, auch einzelne Module beliebig oft zu wiederholen.
Vom Prüfungszentrum können bestimmte Fristen für einen Wiederholungstermin festgelegt werden. Auf diese wird bei der Mitteilung des Prüfungsergebnisses hingewiesen. Ein Rechtsanspruch auf einen bestimmten Prüfungstermin besteht nicht. Siehe auch 3.3 bis 3.7 sowie 11.11 und 11.12.

## §15 Qormaaticha irra deebiin fudhachuu

Qormaatni 14.6 fi 14.7.1 keessatti ibsame yeroo barbaachisaa ta'etti guutummaatti irra deebiin fudhatamuu danda'a; qormaata moojulaarii 14.7.1 keessatti ibsameef, akkasuma hamma barbaadame moojuloota dhuunfaa irra deebiin fudhachuun ni danda'ama.
Wiirtuun Qormaataa guyyaa irra deebiin kennamuuf guyyoota xumuraa murtaa'e kaa'uu ni danda'a. Isaan kun yeroo bu'aan qormaataa beeksifamu ni agarsiifamu. Guyyaa qormaataa murtaa'eef mirgi seeraa hin jiru. Akkasuma 3.3 hanga 3.7 , dabalataan 11.11 fi11.12 ilaalaa.

## § 16 Protokoll über die Durchführung der Prüfung

Über den Verlauf der Prüfung wird ein Protokoll (im Print- oder Digitalformat) angefertigt. Darin werden die Daten zur jeweiligen Prüfung (Prüfungsteilnehmende/-r, Prüfungszentrum, Prüfungstermin u. a.) einschließlich Uhrzeit und besondere Vorkommnisse während der Prüfung festgehalten.

## § 16. Galmee qormaatichaa

Gaggeessuu qormaatichaa ilaalchisee galmeen/qabiinsi ragaa (bifa maxxansaa ykn dijiitaalaa) ni qophaa'a. Galmeen kun yeroo qormaataa fi taateewwan addaa; yeroo qormaataa mudatan dabalatee ibsa baldhaa qormaata gaaffii keessa jiruu (kaadhimamaa, wiirtuu qormaataa, guyyaa qormaataa fi kkf) of keessaa qaba.

## § 17 Befangenheit

Die Besorgnis der Befangenheit eines/einer Prüfenden kann der/die Prüfungsteilnehmende nur unverzüglich und nur vor Beginn der mündlichen Prüfung vorbringen.
Die Entscheidung über die Mitwirkung des/der Prüfenden trifft der/die Prüfungsverantwortliche.
In der mündlichen Prüfung hat mindestens einer der beiden Prüfenden keine/-n Prüfungsteilnehmende/-n im letzten vor der Prüfung von der/dem Prüfungsteilnehmenden besuchten Kurs unterrichtet. Ausnahmeregelungen bedürfen der Genehmigung durch die Zentrale des Goethe-Instituts.

## § 17. Loogummaa

Kaadhimamtootni qoraan tokko loogii irraa bilisa ta'uu isaa ilaalchisee yaaddoo qaban kaasuu kan danda'an battalumattii fi qormaanni afaanii osoo hin jalqabamin dura qofa.
Murtoon hirmaannaa qoraa irratti kennamu bulchaa qormaataatiin ta'a.
Qormaata afaanii keessatti, yoo xiqqaate qoratoota lamaan keessaa tokko qormaata dura koorsii dhumaa kaadhimamaan sun irratti hirmaate keessatti kaadhimamaa kamiyyuu kan barsiise ta'uu hin qabu. Kanneen kanarraa addatti ilaalaman hayyama waajjira muummee Goethe-Institutiit barbaada.

## § 18 Bewertung

Die Prüfungsleistungen werden von zwei Prüfenden/Bewertenden voneinander unabhängig gemäß den jeweiligen *Durchführungsbestimmungen* bewertet. Im schriftlichen Prüfungsteil werden nur solche Markierungen und Texte bewertet, die mit zulässigen Schreibwerkzeugen erstellt wurden (nicht entfernbare Kugelschreiber, Faser- oder Gelstifte in Schwarz oder Blau). Die Markierungen müssen den Vorgaben auf dem *Antwortbogen* entsprechen und die handschriftlich verfassten Texte müssen lesbar sein.

## § 18. Madaallii

Raawwiin qormaataa qortoota/madaaltoota lamaan walirraa walaba ta'anii haala hojjetaniin madaalama , kunis akkaataa tooftaawwan *qormaataa* ilaallatuun ta'a. Kutaa barreeffamaa qormaatichaa keessatti, qabxii fi barreeffama meeshaalee barreeffamaa hayyamaman (kobbee tuqaa-kubbaa dhaabbataa, kobbee felt-tip ykn gel gurraacha ykn halluu cuquliisaa) fayyadamuun katabame qofatu madaalama. Sororsuun qajeelfama *waraqaa deebii* irratti barreeffame eegee kan hojjetamu ta'uu fi barreeffamoonni harkaan barreeffaman kan dubbifamuu danda'an ta'uu qabu.

## § 19 Einsprüche

19.1 Ein Einspruch gegen das **Prüfungsergebnis** ist innerhalb von zwei Wochen nach Bekanntgabe des Prüfungsergebnisses in Textform bei der Leitung des Prüfungszentrums, an dem die Prüfung abgelegt wurde, zu erheben. Unbegründete oder nicht ausreichend begründete Anträge kann der/die Prüfungsverantwortliche zurückweisen. Der bloße Hinweis auf eine nicht erreichte Punktzahl ist als Begründung nicht ausreichend.

19.2 Der/Die Prüfungsverantwortliche am Prüfungszentrum entscheidet darüber, ob dem Einspruch stattgegeben wird. In Zweifelsfällen wendet er/sie sich an die Zentrale des Goethe-Instituts und diese entscheidet darüber. Die Entscheidung über die Bewertung ist endgültig.

19.3 Ein Einspruch gegen die **Durchführung** der Prüfung ist unverzüglich nach Ablegen der Prüfung bei der Leitung des zuständigen Prüfungszentrums, an dem die Prüfung abgelegt wurde, in Textform zu erheben. Der/Die Prüfungsverantwortliche holt die Stellungnahmen aller Beteiligten ein, entscheidet über den Einspruch und verfasst eine Aktennotiz über den Vorgang. In Zweifelsfällen entscheidet die Zentrale des Goethe-Instituts.

19.4 Wird einem Einspruch stattgegeben, so gilt hinsichtlich der Prüfungsgebühren 6.4. Der/Die Teilnehmende kann nach seiner/ihrer Wahl statt einer Rückerstattung die Prüfung kostenlos wiederholen.

## 20 Einsichtnahme

Prüfungsteilnehmende können auf Antrag nach Bekanntgabe der Prüfungsergebnisse Einsicht in ihre Antworten und Bewertung nehmen. Diese Einsichtnahme ist nur innerhalb von drei Monaten nach Bekanntgabe der Prüfungsergebnisse möglich. Die Prüfungsaufgaben und Musterlösungen werden nicht gezeigt. Der Antrag beschränkt geschäftsfähiger Minderjähriger bedarf der Einwilligung des/der gesetzlichen Vertreters/Vertreterin. Die Einsichtnahme muss in Begleitung des/der gesetzlichen Vertreters/Vertreterin erfolgen.
Es besteht kein Anspruch auf Übersendung der Prüfungsunterlagen. Die darin enthaltenen Informationen unterliegen zum Schutz vor unberechtigter Verbreitung der Geheimhaltung.

## § 19. Ol-iyyannoo

19.1 Ol'iyyannoo **bu'aa qormaataa** irratti dhiyaatu erga bu'aan qormaataa beeksifamee torban lama keessatti barreeffamaan hoggansa wiirtuu qormaataa qormaanni itti kennameef dhiyaachuu qaba.
Bulchaan qormaataa iyyannoowwan bu'uura hin qabne ( taane) ykn ragaa gahaa hin qabne kuffisuu ni danda'a. Qabxiin tokko akka hin argatamne eeruun qofti bu'uura gahaa miti.

19.2 Bulchaan qormaataa wiirtuu qormaataa ol'iyyannoon fudhatamuu fi dhiisuu isaa murteessa. Shakkiin yoo uumame, inni/isheen waajjira muummee Goethe-Institut ni mariisisa/sti, sanin booda kan murteessu ta'a. Madaallii ilaalchisee murtiin kennamu kan dhumaati.

19.3 Mormiin **geggeeffamuu** Qormaatichaa irratti kan dhiyaatu qormaanni erga fudhatamee booda battalumatti hoggansa wiirtuu qormaataa dhimmi ilaallatu kan qormaaticha kenneef barreeffamaan dhiyaachuu qaba. Bulchaan qormaataa yaada qaamolee dhimmi ilaallatu hunda fudhachuun, mormii irratti murtii kan kennuu fi dhimmicha irratti yaadannoo-wal-hubachuu kan qopheessu ta'a. Yoo shakkiin uumame, waajjirri muummee Goethe-Institutii kan murteessu ta'a.

19.4 Ol'iyyannoon yoo fudhatama argate, kaffaltii qormaataa ilaalchisee keewwatni 6.4 raawwatiinsa qabaata. Kaadhimamaan, akka fedhii isaatti, qarshii deebi'u fudhachuu dhiisee, kaffaltii malee qormaata irra deebi'ee qoramuu filachuu ni danda'a.

## § 20. Sakatta'iinsa

Kaadhimamtootni, iyyannoo dhaan, bu'aan qormaataa erga ibsamee booda deebii fi madaallii isaanii sakatta'uu ni danda'u. Sakatta'iinsi kun kan danda'amu erga bu'aan qormaataa beeksifamee ji'a sadii (3) keessatti qofa. Gaaffiiwwan qormaataa fi deebiiwwan moodelaa hin agarsiifaman. Gaaffiin daa'ima umriin isaa hin geenye aangoo seeraa qabuun dhiyaate, hayyama bakka bu'aa seera-qabeessaa ta'e barbaada. Sakatta'iinsi iddoo bakka bu'aan seera-qabeessi jirutti raawwatamuu qaba.
Sanadni (ragaan) qormaataa poostaa dhaan akka ergamuuf mirgi hayyamu hin jiru. Odeeffannoon achi keessatti argamu hayyama malee akka hin ibsamneef seera iccitii eeguutiin bula.

### § 21 Verschwiegenheit

Die für das Prüfungszentrum an der Prüfung beteiligten Personen bewahren über alle Prüfungsvorgänge und Prüfungsergebnisse gegenüber Dritten Stillschweigen. Ausgenommen hiervon sind Auskunftspflichten aufgrund zwingend anwendbaren Rechts.

### § 21. Iccitii eeguu

Namoonni wiirtuu qormaataa bakka bu'uun qormaata irratti hirmaatan hundi hojimaata qormaataa fi bu'aa qormaataa hunda ilaalchisee qaama sadaffaa biratti iccitii ni eegu. Kun dirqama odeeffannoo kennuu tumaalee seeraa dirqama ta'an irraa maddu irratti raawwatiinsa hin qabu.

### § 22 Geheimhaltung

Alle Prüfungsunterlagen sind vertraulich. Sie unterliegen der Geheimhaltungspflicht und werden unter Verschluss gehalten.

### § 22. Iccitii eeguu

Sanadoonni (Ragaaleewwan) qormaataa hundi iccitiid haan kan qabaman ta'u. Isaan tooftaa iccitii eeguun kan bulan yoo ta'u, qulfii ( furtuu) jalatti kan qabamanii dha.

### § 23 Urheberrecht

Alle Prüfungsmaterialien sind urheberrechtlich geschützt und werden nur in der Prüfung verwendet. Eine darüberhinausgehende Nutzung, insbesondere die Vervielfältigung und Verbreitung sowie öffentliche Zugänglichmachung dieser Materialien ist nicht gestattet. Verstöße werden urheberrechtlich verfolgt.

### § 23 Mirga waraabbii

Leeccalloowwan qormaataa hundi mirga waraabbiitiin kan eegamanii fi qormaata qofaan kan fayyadanii dha. Fayyadamni dabalataa kamiyyuu, keessumaa leeccalloowwan kana baay'isuun, raabsuun ykn ummataaf ibsuun dhorkaa dha. Sarbamni tooftaa seera mirga waraabbiitiin ni himatama.

### § 24 Qualitätssicherung

Die gleichbleibend hohe Qualität der Prüfungsdurchführung wird durch regelmäßige Kontrollen der schriftlichen und mündlichen Prüfung im Rahmen von Hospitationen sowie durch Einsichtnahme in die Prüfungsunterlagen sichergestellt (vgl. § 8). Der/Die Prüfungsteilnehmende erklärt sich damit einverstanden.

### § 24. Mirkaneessa qulqullinaa

Qulqullinni adeemsa qormaataa wal irraa hin cinne olaanaa ta'uun isaa, yeroo daawwannaa sakatta'iinsaa fi sanadoota qormaataa sakatta'uu dhaan qormaata barreeffamaa fi afaaniin kennamu yeroo yerootti hordofuun mirkanaa'a (§ 8 ilaalaa). Kaadhimamaan yaada kana iraatti walii gala.

### § 25 Anwendbares Recht

Die *Prüfungsordnung* unterliegt dem Recht der Bundesrepublik Deutschland. Zwingende Schutzvorschriften des Rechts des Staates, in dem der/die Vertragspartner/-in, der/die Verbraucher/-in ist, seinen/ihren gewöhnlichen Aufenthalt hat, bleiben anwendbar.

### § 25. Seera raawwatiinsa qabu

*Tooftaawwan qormaataa* seera Rippabiliika Federaalaa Jarmaniin kan buluu dha. Tumaaleen eegumsa dirqamaa seera biyyattii kan qaamni waliigaltee raawwate, fayyadamaa kan ta'e, mana jireenyaa mataa isaanii itti qaban, keessatti raawwatiinsa ni qabaatu.

### § 26 Schlussbestimmungen

Diese *Prüfungsordnung* tritt am 1. September 2025 in Kraft und gilt für Prüfungsteilnehmende, deren Prüfung nach diesem Zeitpunkt stattfindet.

Im Falle von sprachlichen Unstimmigkeiten zwischen den einzelnen Sprachversionen der *Prüfungsordnung* ist für den unstimmigen Teil die deutsche Fassung maßgeblich.

### § 26. Tumaalee xumuraa

*Tooftaawwan qormaataa* kun gaafa Fulbaana 1, 2025 hojiirra kan oolan yoo ta'u, kaadhimamtoota qormaanni isaanii guyyaa sana booda geggeeffamuuf irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

Garaagarummaan afaanii gosoota afaan adda addaa *tooftaawwan qormaataa* gidduutti yoo uumame, gosti afaan Jarmanii kutaa wal-fakkaachuu dhabe irratti olaantummaa qabaata.

---

Legende zu Formatierungen:
VERSAL: Prüfungsnamen und Prüfungsteile (z. B. GOETHE-ZERTIFIKAT B1)
*kursiv:* Dokumentenbezeichnungen, Eigennamen, Verweise (z. B. *Protokoll über die Durchführung der Prüfung*)

# ANHANG

## Zusätzliche Regelungen zu digitalen Deutschprüfungen

Wird die Prüfung digital am Prüfungszentrum abgelegt, gilt abweichend Folgendes:

### Abweichend zu § 18:

Bei digitalen Deutschprüfungen werden Aufgaben mit vorgegebenen Antwortmöglichkeiten in den Modulen LESEN und HÖREN technisch automatisiert durch die Testplattform bewertet. Beim Prüfungsteil/Modul SCHREIBEN werden nur die Texte bewertet, die in das entsprechende Textfeld eingetragen wurden.

# BARRUU DABALATAA

## Qormaata dijitaalaa Jarmanii ilaalchisee tooftaawwan dabalataa:

Qormaanni wiirtuu qormaataa keessatti karaa dijiitaalaan yoo fudhatame, kanneen armaan gadii raawwatiinsa qabaatu.

### § 18. Akkuma jirutti ta'ee

Qormaata dijitaalaa Jarmanii keessatti, dalagaawwan filannoowwan deebii dursanii ibsaman qaban moojuloota qormaataa dubbisuu fi dhaggeeffachuu keessatti waltajjii qormaataatiin haala ofiin-hojjetuun madaalamu.
Kutaa/moojulii barreessuu keessatti, barreeffamoota toora barruu walgitutti galfaman qofatu madaalama.

**Zusätzliche Regelungen zu Online-Deutschprüfungen**

Wird die Prüfung online abgelegt, gilt abweichend Folgendes:

**1. Zusätzlich zu § 3:**

Vor der Anmeldung für Online-Deutschprüfungen ist die Durchführung eines Technik-Checks über den Link: https://go.proctoru.com/testitout obligatorisch. Beim Buchungsprozess muss die Durchführung des Technik-Checks bestätigt werden. Details zu den technischen Voraussetzungen finden sich im Anhang der *Durchführungsbestimmungen*.

**2. Zusätzlich zu § 4:**

Bei Online-Deutschprüfungen wählen die Prüfungsteilnehmenden die für sie passende Uhrzeit direkt bei der Buchung aus. In Ländern mit mehreren Zeitzonen müssen die schriftliche und mündliche Online-Deutschprüfung in der gleichen Zeitzone gebucht werden.

**3. Abweichend von § 4**

Die Anmeldung von Minderjährigen für Online-Deutschprüfungen ist nicht erlaubt.

**4. Zusätzlich zu § 6:**

Erfolgt bei Online-Deutschprüfungen ein Prüfungsausschluss aufgrund der Prüfungsordnung, § 11 sowie der zusätzlichen Regelungen im Anhang, wird die Prüfungsgebühr nicht zurückerstattet.

Widerruft ein/-e Teilnehmende/-r eine zur Prüfungsdurchführung oder zur Sicherstellung der Prüfungssicherheit erforderliche Einwilligung, besteht kein Anspruch auf Rückerstattung von bereits entrichteten Prüfungsgebühren.

**Tooftaawwan dabalataa qormaata afaan Jarmanii toora interneetaa irraatti:**

Yoo qormaanni toora interneetii irratti fudhatame, kanneen armaan gadii raawwatiinsa qabaatu.

**1. § 3-tti dabalataan**

Qormaata afaan Jarmanii toora interneetii irratti galmaa'uun dura, karaa liinkii: https://go.proctoru.com/testiout sakatta'iinsa teeknikaa gochuun dirqama. Yeroo adeemsa galmeen bakka qabachuu fi sakatta'iinsa teeknikaa raawwachuu keessan mirkaneessuu qabdu. Baldhinni odeeffannoo ulaagaalee teeknikaa barruu dabalata tooftaawwan qormaataa keessatti argamuu danda'a.

**2. § 4-tti dabalataan**

Qormaata afaan Jarmanii toora interneetii irratti kennamuuf, kaadhimamtootni yeroo galmaa'an sana kallattiin yeroo isaaniif mijatu filatu. Biyyoota zoonii lakkoofsa yeroo hedduu qaban keessatti, qormaanni afaan Jarmanii barreeffamaa fi afaaniin toora interneetii irratti kennamu lakkoosa yeroo wal-fakkaatu keessatti galmaa'uu qaba.

**3. § 4 Akkuma jirutti ta'ee**

Daa'imman umuriin isaanii hin geenye qormaata afaan Jarmanii toora interneetii irratti kennamuuf galmaa'uun hin hayyamamuuf.

**4. § 6- tti dabalataan**

Kaadhimamaan tokko qormaata afaan Jarmanii toora interneetii irratti tooftaawwan qormaataan, Kutaa 11, tumaalee dabalataa fi barruu dabalataa keessa jiru bu'uureffachuun akka hin hirmaanne yoo godhame, kaffaltiin qormaataa hin deebi'u.

Kaadhimamaan tokko hayyama qormaata gaggeessuuf barbaachisu yoo kaase ykn wabii qormaataa mirkaneessuuf jecha, kaffaltiin qormaataa duraan kaffalame deebifamuuf mirgi hayyamu hin jiru.

**5. Zusätzlich zu § 8:**

Bei Online-Deutschprüfungen sind Vertreter*innen oder Beauftragte des Goethe-Instituts zudem berechtigt, die Aufzeichnungen einzusehen.

**6. Zusätzlich zu § 11:**

Bei Online-Deutschprüfungen führen insbesondere folgende, jedoch nicht abschließend aufgelistete Szenarien zum Ausschluss von der Prüfung.

- Verwendung von technischen Geräten und Anwendungen, die nicht zu den technischen Voraussetzungen gehören (vgl. Anhang der Durchführungsbestimmungen)
- Abschaltung oder Ausfall von Webcam, Lautsprecher oder Mikrophon während der Prüfungsdurchführung
- Prüfungsbedingungen sind nicht adäquat (vgl. Anhang der Durchführungsbestimmungen): z.B. Prüfungsraum ist nicht ordnungsgemäß aufgeräumt
- eine Person/ein Haustier betritt den Prüfungsraum
- der/die Prüfungsteilnehmende verlässt den Raum ohne Absprache
- Prüfungsteilnehmende befolgen die Aufforderungen der Prüfungsaufsicht bzw. der Prüfenden nicht
- der/die Prüfungsteilnehmende ist während der Prüfung nicht ausreichend erkennbar (vgl. Anhang der Durchführungsbestimmungen)
- der/die Prüfungsteilnehmende hat unerlaubte Hilfsmittel versteckt (vgl. Anhang der Durchführungsbestimmungen).

**7. Abweichend zu § 18:**

Bei Online-Deutschprüfungen werden nur die Texte bewertet, die in das entsprechende Textfeld eingetragen wurden. Beim Prüfungsteil/Modul SCHREIBEN werden nur die Texte bewertet, die in das entsprechende Textfeld eingetragen wurden.

**8. Abweichend zu § 24**

Die gleichbleibend hohe Qualität der Prüfungsdurchführung wird durch regelmäßige Kontrollen der schriftlichen und mündlichen Prüfung durch Einsichtnahme in die Aufzeichnungen sichergestellt. Der/Die Prüfungsteilnehmende erklärt sich damit einverstanden.

**5. § 8-tti dabalataan**

Qormaata afaan Jarmanii toora interneetii irratti kennamu ilalchisee, bakka bu’oonni ykn ergamtoonni Goethe-Institutii waraabbiiwwan ilaaluuf mirga qabu.

**6. § 11-tti dabalataan**

Qormaata afaan Jarmanii toora interneetii irratti kennamu ilaalchisee, keessumaa haalawwan armaan gadii, tarreeffaman guutuu ta’uu baatus, qormaata keessaa akka baafaman ni taasisu.

- Meeshaalee teeknikaa fi aplikeeshiniiwwan (iyyannoo) qaama ulaagaalee teeknikaa hin taane fayyadamuu (Barruu dabalataa  tooftaawwan qormaataa ilaalaa);
- Yeroo qormaataa weebkaamii, sagalee guddiftuu ykn maaykiroofooniin addaan cituu ykn hojii dhaabuu;
- Haalli qormaataa gahaa miti (Barruu dabalataa tooftaawwan qormaataa ilaalaa); fkn. kutaan qormaataa sirnaan yoo hin qulqulloofne;
- Namni/beeyiladini manaa kutaa qormaataa seenuu;
- kaadhimamaan waliigaltee dura malee kutaa san keessaa ba’uu;
- Kaadhimamtootni qajeelfamoota to’annoo qormaataa ykn kan qoraa hordofuu dhabuu;
- kaadhimamaan yeroo qormaataa haala gahaa ta'een adda baafamuun hin danda'amu yoo ta'e (Barruu dabalataa tooftaawwan qormaataa ilaalaa);
- kaadhimamaan meeshaalee gargaarsa hayyama hin qabne dhoksee jira yoo ta'e (Barruu dabalataa tooftaawwan qormaataa ilaalaa);

**7. § 18 Akkuma jirutti ta'ee**

Qormaata afaan Jarmanii toora interneetii keessatti, barreeffamoota toora barreeffama barbaachisaa ta’e keessatti galfaman qofatu madaalamu. Moojula/kutaa BARREESSUU keessatti, barreeffamoota toora barreeffama barbaachisaa ta’e keessatti galfaman qofatu madaalamu.

**8. § 24 Akkuma jirutti ta'ee**

Qulqullinni adeemsa qormaataa wal irraa hin cinne olaanaa ta’uun isaa, galmeewwan sakatta’uu dhaan qormaata barreeffamaa fi afaaniin kennamu yeroo yerootti hordofuun mirkanaa’a. Kaadhimamaan yaada kana irratti walii gala.

© 2025 Goethe-Institut e.V.
Bereich 41 – DaF-Prüfungen
www.goethe.de/pruefungen